

FANNOO IRRATTI DEEBII GAAFFII SHAKKITOOTAA

1. Yeroo baay'ee kitaaba galmee kadhannaa keenyaa irraa yeroo kadhannu, "**Fannoonsaa humnaa keenya, humni keenya fannoosaatti kan nuu jabeessu fannoosaati, fannoonsaa furaa keenyadha. Fannoonsaa fayyisaa lubbuu keenyatti, warri Yihudotaa ni ganu nuti garuu itti amanna, warri itti amannus fannichaan ni faayyina, Fayyineerrasii!**" jenna. Egaa yaadonni as keessa jiran waa'ee fannootti amanuu, fannoon akkamitti fayyina keenyas ta'uu danda'a kan jedhu gaaffii shakkitootaati.

Egaa kadhannaan **Fannoonsaa humnaa keenya, humni keenya fannoosaatti kan nuu jabeessu fannoosaati, fannoonsaa furaa keenyadha. Fannoonsaa fayyisaa lubbuu keenyatti, warri Yihudotaa ni ganu nuti garuu itti amanna, warri itti amannus fannichaan ni faayyina, Fayyineerrasii!** jedhee kadhannaan ragaa ba'u kun kadhannaa baay'ee miidhagaa fi nama gammachiisuu akkasumas durii jalqabee mana kiristiyaanaa Keenya keessatti kadhannaa kadhatamaa tureedha. Kadhannaa kana irratti wantootni qabatamoo ta'an hedduun ka'aniiru. Jalqaba irratti fannoodhaan fayyineerraahoo? Ykn kan fayyine fannoodhaniho? Yeroo jedhamu, Kan nu fayyise fannoodhaayi? Kan jedhu irraa adda baasanii ilaaluun barbaachisaadha. Fannoodhaan fayyineerraa fi fannoon mataasaatiin nu fayyiseera kan jedhu mataan isaa garaagarummaa guddaa qaba. Akkasuma fannoon dhalli nama dhiphachaa jira rakkina keessaa nan baasa jedhee ofiisaatiin akka nu hin fayyisin eenyuyyuu ni beeka; Fannoosaatiin fayyineerra yeroo jedhamu garuu, fannicha meeshaa godhatee dubbii fayyinaa kan raawwate waaqa Keenya fayyisaa keenya Iyyesuus Kiristoosiidha. Egaa kiristoosii erga ta'ee qooda akkas kiristoosiin fayyineerra maaliif hin jedhamuu? yeroo jedhan fannicha fayyisuudhaaf kan itti fayyadame namoota qulqullaa'oo biroo osoo hin ta'in kiristoosiidha waan ta'eef. Ibsi kana fakkaatu seenaa kitaaba qulqulluu keessatti iddoo biraatti sirriitti barreeffamee ni arganna.

Fakkeenyaaf,

- a) Addunyaan badii isheetiin yeroo itti murtaa'etti , Waaqayyos Nooh fi maatiisaa fayyisuu yeroo barbaadetti Doonii mukarraa akka hojjetuuf ajajee ture. Doonii guddaa sana erga hojjetanii booda Nooh fi maatiinsaa badiisa sanarraa fayyanii jireenya haaraa, addunya haaraa jalqaban. Amma Nooh fi maatiinsaa karaa kamiin fayyan jedhamee osoo

gaafatamee Doonii hojjechuudhaani jedhama. Kana jechuun ammoo Dooniin sun osoon ilaalu maatiin kun baduu hin qaban jedhee dhufee fayyise jechuu miti. Doonichi hin dubbatu, hin dhaga'u ofisaatiin kan waa godhu miti doonii sanaan kan isaan fayyise waaqayyoodha. Qulqulluun pheexiroosis waa'ee kanaa ergaasaa 1phex. 3:20 irratti yommuu dubbatu, "Markaba kanaan namoonni muraasi, kana jechuun lubbuun saddeet bishaan keessaa oolan" jedhee dubbateera. "Markaba kanaan" jedha.

Kanaafuu Fannoosaatiin fayyineerra gaafa jennu fannoon sun ofiisaatiin nu fayyisuudhaaf yaadee nu fayyise jechuu miti, fannoosaa fayyadamee kiristoos nu fayyise jechuudha. Kunis karaa inni itti wal fakkaatu,

□ Nooh doonii muka irraa hojjetameen maatii isaa fayyise, gooftaan keenya qorichi keenya Iyyesuus kiristoos garuu Fannoo muka irraa hojjetameen addunyaa guutummaa fayyise.

□ Nooh erga maatiisaa fayyisee booda aarsaa dhiyeesse, kiristoos garuu ofumasaa fannoorraatti aarsaa ta'ee dhiyaate, aarsicha dhiyeesse, aarsicha fudhatee nu fayyise.

□ Qulqulluun Efireem inni sooriyaa arrabsoo yihoodotaa isa 'ilma **Muka Sooftichaa Yooseef** jedhu sana yeroo hiiku, **fannoosaa markaba godheen addunyaa hundumaa badiisarraa fayyise** jedha. Kanaafuu fannoosaatiin fayyine jechuun kiristoosii fannoosaa fayyadamee nu fayyise jechuudha. Bakka bu'een maqaa isaatiin jedhu kiristoos waan ta'eef kanaafuu fannoon fayyina Keenya fannoosaatiin fayyineerra yeroo jennu, akkamitti namni jedhu markaba noohiitiin fayyineerra yeroo sabni Israa'eel jedhus akkamitti jedha jechuudha. Sababni isaa noohinis akka bidiruu tolchuuf kan ajaje waaqayyoodha waan ta'eef.

- b) Wanti kana fakkaatu inni biraan dubartattiin uffata kiristoos tuqxee fayyite sun qarqara uffatasaa yoon tuqe nan fayya jettee yaadde. Uffatasaa qaqqabdee dhiigni ishee yerooma sana dhaabbatee ni fayyites. Kiristoos humni narraa ba'eera jedhee dubartii nana amantiin kee si fayyiseera jedhee ishee galateeffate jechuudha. Amma dubartiin kun maaliin fayyitee? osoo jedhamee Qamisii ykn uffata kiristoosiin tuqxeeti. Jalqabas uffatasaa yoon tuqe nan fayya jetteeti dhufte. Dubartiin kun egaa maaliin fayyite? jedhamtee osoo gaafatamtee ykn kiristoos maaliin si fayyise jedhamtee osoo gaafatamtee qarqara uffata kiristoos tuqeetani jetti. Maaliif kiristoosiin dhiistee uffatasaa kabajjaa? ykn waaqessitaa?

ittiin jechuun hin danda'amu. Kanaafuu fannoo nu fayyisuudhaaf kan inni itti fayyadameedha jechuudha. Fannoosaatiin fayyineerra jechuun waan haaraa miti.

- c) Kan biraan Waaqayyoo Israa'eelota garbummaa gibtsii jalaa bilisa erga baasee booda galaana Eertiraa ce'uudhaaf boodaan Fari'oonii fi loltootni isaa aariidhaan dhaqqabaa jiru fuulduraan galaanatu jira. Galaana sana adda hiruudhaaf waaqayyoo museen Galaanicha uleedhaan rukuti jedhee ajaje. Museenis ni raawwate galaanichi ni hirame jedha. Amma galaanni Ertiraa kan hirame maaliin osoo jedhamee uleedhaan jedhama. Waaqayyoodha kan galaanicha hire malee akkamitti uleedhaan ta'a hin jedhamu jechuun hojii sana hojjechuuf meeshaan inni itti fayyadame ulee museeti, ulee hedduutu guutee osoo jiruu ulee musee irra waaqayyoo humnasaa waan bulcheef galaanicha bakka lamatti hireera. Kanaaf galaanni ertiraa maaliin bakka lamatti hiramee? osoo jedhamtee uleedhaan jetta malee waaqayyoofan dubbadha jettee akkamitti uleedhaan jedhama waaqayyoodhaan malee hin jedhamu. Kanaaf fannoosaatiin fayyineerra jechuunis ibsa akkanaa qabaata. Museen uleesaatiin galaana ertiraa addaan hiree gara kana'anitti saba Israa'eeliin ceesise yommuu jennus musee keenya kan ta'e kiristoos fannoosaatiin galaana cubbuu addaan hiree nu fayyise gara bara haaraatti nu ceesise kanaaf fannoisaatiin fayyineerra, eyyee fayyineerras jenna.
- d) Kan biraan fannoosaatti ni amanna kan jedhu eyyee ni amanna. Keessattuu kan nuti ittiin amannu fannoo qofaayyuu miti waan hedduutu jira. Biyya lafaa kana irra jiraachuuf iyyuu amantaa nama barbaachisa. Fakkeenyaaf, lafa irra ejjetan akka nama hin liqimsine, yeroo taaksii seentu konkolaachisaan sun eyyama oofichaa akka qabuu fi konkolaachisuuf dandeettii akka qabu, mana nyaataa seentee marzii akka itti siif hin naqamne amanteeti. Yoo hin amanin lafti kun na liqimsiti yoo jette irra hin ejjetu, konkolaataan kun na kuffisa yoo jette hin seentu, manni nyaataa kun summiin najjeesa yoo jette hin seentu hin amanne waan ta'eef. Kanaafuu lafarra jiraachuuf iyyuu itti amanuu si barbaachisa jechuudha. Amantii malee waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu addunyaarra jiraachuun illee rakkisaadha jechuudha. Mana barumsaallee seennee yeroo barannu barsiisaan nu barsiisu waan nu barsiisu sana irratti beekumsa ga'aa akka qabu itti amanneeti. Warreen biyya kana hoogganan ni bulchu jedhameeti kan itti amanamu, kanaaf addunyaan kun kan ittiin sochootu amantaadhaani jechuudha.

Kanaaf jechi 'Amane' jedhu jecha giizii "**አመነ**" jedhu irraa kan dhufe yemmuu ta'u, dirqama waaqayyoon qofa jechuusaa miti jechuun kana akka raawwattu sittin amana ati jabaadha jechuunii fi amanannaa koo oolchaa koo fayyisaa koo jechuun tokko miti. Inni biyya lafaa irraa amantaa waloo kan namni hunda walii galchu (common believing) jedhama. Kana malee macaafnis akkas jedha, "Sabni Israa'el Waaqayyo irree isaa isa guddaadhaan warra Gibxii irratti waan hojjete yommuu argan, isa in sodaatan; isaan Waaqayyoon, Musee garbicha isaas in amanan" Ba'uu 14:31. Kana jechuun "...Waaqayyoon, Musee garbicha isaas in amanan" yeroo jedhu museenis waaqayyoon waliin waaqessan jechuu miti. Hojii waaqayyoo musee irra bulee hojjetu irraan kan ka'e waaqayyoon waaqummaasaatti amanan, garbicha waaqayyoo musee ammoo tajaajilaa waaqayyoo ta'uusaatti amanan jechuudha. Kanaafuu fannooisaatti ni amanna yemmuu jedhamus fannicha irratti hojii hojjetametti ni amanna, fannicha irratti dhiigasaa dhangala'e, hojii fayyisuu fannicha irratti raawwatame ni amanna jechuudha malee fannoo ni waaqessina jechuu miti.

- e) Fannoon fayyina Keenya(**መስቀል ቤዛኝን ነው**):-kan jedhu irratti fayyina kan jedhu uumamtootaaf ni dubbatamaahoo kan jedhu eyyee ni dubbatama. Egaa dursaan keenya kan irraa barannu macaafa qulqulluu waan ta'eef akka inni nu qajeelchutti ilaalla. kitaaba qulqulluu Jechi 'fayyina' jedhu namoota biroof iddoo baay'eetti barreeffamee arganna. Jalqaba irratti waa'ee fayyisuu kiristoo qulqulluun phaawuloos ifatti akkuma dubbate, "Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna" Efe. 1:7 fayyineerra jechuudha. **በደሙ የተደረገ ቤዛኝ ይለናል።** Isaan alattis, Umamni biroo fayyisoo jedhamanii akka waamaman hojii duuka buutotaa keessatti ifaan barraa'eera. "**ሹምና ፈራጅ እንድትኾን የሾመኽ ማን ነው ብለው የካዱትን ይህን ሙሴን በቀጥታ ደግሞ በታየው በመልአኩ እጅ እግዚአብሔር ሹምና ቤዛ አድርጎ ላከው።**" yookiin "Museen kun, isuma isaan gananii, 'Eenyutu seerrattuudhaa fi abbaa firdii si godhe?' ittiin jedhanii dha; Waaqayyo harka ergamaa isaa isa huuxxicha qoraattii keessatti itti mul'ateetiin, akka seerratutti akka furuttis isa ergeera" Ho. Erg. 7:35 jedha. Egaa waaqayyoo saba Israa'eeliin garbummaa fari'oon jalaa akka baasa beekamaadha. Garuu isaaniin oolchuuf, fayyisuuf waaqayyoo akka meeshaatti museen fayyadameeti kanaaf hojii fayyisuu sana keessatti museen ga'ee waan qabuuf seerrataa,

furaa ykn oolchaa ykn ቤዝ jedhamee akka waamamuuf waaqayyoo ofii isaatiin eyyameeraaf. Kana jechuun ammoo waaqayyoo hin furre museedha malee jechuu miti akkuma kanagaa fannoonsaa, hojii fayyisuu waaqayyoo jalqabaa hamma dhumasaatiitti kan hirmaatte haatisaa qulqulleettiin maariyaam dhuma guyyichaarratti immoo kan inni irratti fannifame, *Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira; maqaan isaa, “Gorsaa, dinqii, Waaqayyoo-jabaa, abbaa bara baraa, angafa nagaa” in jedhama* jedhameefii Macaafa Isaayaas Raajichaa 9:6 irratti kan barreeffameef, akka hiika mana kiristiyaanaa keenyatti humna mootummaa isaa kan jedhame fannooisaati humna isaa aangoosaa kan agarsiisuudha. Sanaan waan nu fayyiseefis fannoon fayyina keenya ni jenna.

- f) Fannoon humna keenya ni jenna: sababnisaa fannoo irratti waaqni Keenya Iyyesuus kiristoos du'a kan injifateedha. Kan inni ajjeeses seexana. Kanaaf Ayihuudonni dadhabinaaf jedhanii kan itti fayyadaman kufuu kan itti fakkaatu, nuti garuu fannoonsaa yeroo agarru, aangoosa , du'a mo'uusa , diyaabiloosiin injifachuusaa waan yaadannuuf eyyee eyyee nuyi warra itti amannuuf fannoon humna keenyadha. *Waa'ee fannifamuu Kristos dubbachuun warra karaa badiisaa irra jiraniif gowwummaa dha; nuyi warra karaa fayyinaa irra jirruuf garuu, inni humna Waaqayyoo ti*. Jedhee qulqulluun phaawuloos Qorontos Isa Duraa 1:18 irratti akka dubbate. Kanaafuu fannoon humna keenya jechuun fannoon meeshaa ittiin waaqayyoo humnasaa agarsiise jechuudha.

2. Galmee kadhannaa keenyaa irraa yeroo galata (ጵጵሐጵ) jennu "Fannoo Gooftaa Keenya Iyyesuus Kiristoosiifis galanni haa ta'u" Jenna. Obbolloonni tokko tokko ammoo akkamitti fannoo galanni ni ta'a jettu akkuma warreen jiraatoo ta'an biroo galateeffattan fannoo lubbuu hin qabne osoo beekanii akkamitti ganni ta'aaf jedhanii gaaffii kaasu. Kana akka barumsa mana kiristiyaanaa keenyaatti akkamitti ilaaluu dandeenya.

Egaa gaaffii akkasii namoonni kaasan aadaa kitaaba qulqulluu wallaaluu irraa kan dhufuudha. Kitaaba qulqulluu keessaa wantootni meeshaa ykn lubbuu hin qabne garuu isaaniin aadaan galateeffachuu galateeffachuu hedduutu jiru. Fknf galata irratti faarfannaa irratti jalqaba kan ka'u qulqulluu Daawwitiidha. Faarfannaa 150 barreesseera. Egaa Raajiin waaqayyoo qulqulluun Daawwit faarfannaasaa kana keessatti kan inni

galateeffachaa ture warreen lubbuu qaban qofaa miti. Waaqayyoon galateeffachuunsaa, qulqulloota waaqayyoo galateeffachuunsaa Abba jirutti ta'ee, iddoo baay'eetti galata dhiyeesseera. Fknf waa'ee Tsiyoon faarfannaa baay'ee faarfateera. Waaqayyoo Tsiyooniin filateera, bultootaa akka taatuufis ishee jaallateera jedhee haasofsiisa. Egaa Tsiyoon magaalaa Daawwitiidha. Magaalaa ta'uunshee wal nu hin mormisiisu. Yeroo hiikamuudha kan wal nama mormisiisu malee jechuudha. Magaalaa daawwit kan akka Iyyerusaalemfaa iddoo birootti akkas jedhee galateeffata. *Yaa Yerusaleem, ani yoon si irraanfadh, harki koo mirgaa hojii isaa haa irraanfatu! Ani yoon si yaadachuu dhaabaadhe, wanta ani itti gammadu hundumaa irra Yerusaleemin yoon caalchifachuu dhaabaadhe, arrabni koo laagaa kootti haa gogu* Macaafa Faarfannaa 137:5-6 jedha.

Yaa Iyyerusaalem gammachuu koo hunda caalaa Iyyerusaalemiinan yaadadha jedhee ishee galateeffata, faarfata. Egaa Israa'eel waaman hin dhageessu, hin dubbattu, hin lalistu. Akkuma jecha fannootiif dubbatamu sanaa jechuudha. Gaarotaafi akkasuma dubbatamaa ture. 'Ati yaa tulluu ' jedha kitaabni qulqulluun. 'Yaa samii dhaga'i, yaa lafaa dhaggeeffadhu' jedha. Asirrattis samiin hin dhaga'u, samii hin dhaggeeffatu ykn ergamoota irra jiraatan ykn namoota lafa kana irra bulan yoo ta'e malee jechuudha. Kanaaf tokkoo tokkoo jechoota isaa yommuu ilaallu wantoota lubbuu hin qabne kabajuun galateeffachuun wanta baramedha.

Ammas raajiin waaqayyoo qulqulluun Isaayaas waa'ee fira koo fi waa'ee iddoo wayinii sana nan weeddisa jedha. Bakka wayiniif galata dhiyeesseera. Kanaaf fannoo akka galateeffannu sababni nu godhu fannoon galata keenya dhaga'ee akka gammaduuf miti. Jalqabuma 'galateeffachuu' jechuun kabajuu, weeddisuu, ol ol qabuu jechuudha. Maaliif fannoo kabajnaree yeroo jedhamu, abboonni keenya "እስመ ተቀደሰ በደመ ክርስቶስ መድኃኒን" ykn "dhiiga fayyisaa keenya Iyyasuus Kiristoosiin kan qulqullaa'e" jedhanii galata fannoo jalqabu. Kanaaf dhimma fannoo irratti mormuun iyyuu baay'ee nama ajaa'iba. Sababni isaa namni hubannoo dhabuudhaanis ta'e wallaalinaaf malee kan inni gaaffii fannoo irratti kaasu, akkamitti kiristoosii nan jaaladha jechaa qabeenya kiristoos isarraa addaan baasu. Kiristoosiin waan jaallatuuf haadha isa deesse kan jibbu yoo ta'e, kiristoosiin waan jaallatuuf fannoo inni irratti fannifame kan jibbu yoo ta'e kun jaallachuurraa kan maddeedhaa? Nama jechisiisa. Keessumaa waa'ee fannoo immoo mormuun isaa illee hin barbaachisu. Sababni isa namni fannoo ittiin araaramne irratti yoo mormii kaase maaliin waliigaluuf? Kun mataansaa gaaffiidha. Kanaaf manni kiristiyaanaa keenya kan ishee xiyyeeffattee fannoo kiristoosiin akka kabajju kan taasise fannoo sana irratti guyyaa jimaataa

dhiigni dhagala'aa oole dhiiga kiristoos waamamte ta'eef. Fannoo gooftaan itti fannifame kana argannee carraan ija keenyaan ilaalu osoo nuuf kennamee bifa diimaa waan dibame fakkaata. Maaliif guyyaa sana akka bokkaa kan itti roobaa oole dhiiga waaqa keenya Iyyesuus kiristoosiiti waan ta'eef dhiigasaan dhiqameera. Kanaafiidha,"dhiiga fayyisaa keenya Iyyasuus Kiristoosiin kan qulqullaa'e" yeroo jennu namni tokko amma osoo iddoo dhiigni isaa itti dhangala'e argee maal jedhaa? dhuguma akkasumaan bira darba isinitti fakkaataa? Kabaja akkamiitiin galateeffaata isinitti fakkaataa? dhiigni sun dhiiga cubbuu addunyaa qulqulleesseedha. Gaaddidduun pheexiroos, uffanni phaawuloos fayyisaa tureera. Egaa Gaaddidduun pheexiroos, uffanni phaawuloos kan fayyisu erga ta'ee fannoon dhiigni kiristoos irratti dhangala'e immoo fayyina akkamii argamsiisaree? Kanaaf kun sammuu Keenya keessaa kan badu miti. Amma wanti gaaffii uume fannicha isa irratti fannifame irra addaan baasanii ilaaluudha. Manni kiristiyaanaa keenyaaf ammayyuu kiristoosi akka fannifamettidha. Ka'eera, olba'eera jenna malee fannifamuusaa irraanfachu hin dandeenyu. ***Isin yaa warra wallaalota Galaatiyaa! Fannifamuun Yesus Kristos akka waan caafamee rarraafameetti ija keessan dura ture; kana deebitanii akka wallaaltaniif eenyutu qoricha isinitti godhe***? Galaatiyaa 3:1 irratti akka jedhe qulqulluun phaawuloos. Fannoo gooftaa keenyaa irrattis ammas akkuma fannifametti leensii amantiitiin nutti mul'ata. Qulqulluun pheexiroos yeroo wareegametti isa fannisuuf addabaabaayi roomitti yeroo geessan fannoo akka kan kiristoos fakkeessanii dhaabanii yeroo eegan argeetu ani tasa fannoo gooftaa koo irratti hin fannifamu jedhe. Kanaaf kiristaanonni akka pheexiroos ammayyuu kiristoosi Fannifameetuma itti mul'ata. Ammas teessooma isaa irra taa'eeti itti mul'ata. Mallattoo fannoo isaatii gaafa arginus har'a harka isaa diriirsee akkuma fannifamee jiruutti nutti mul'ata. Namni kiristoosiif fannoosaa gargar baasuu kan inni jalqabu dhiphina kiristoos guyyaa jimaataa sammuu keessaa yeroo baduudha.

Bara ooriitiitti qodaa dhiigni hoolotaa, re'ootaa aarsaadhaaf itti dhiyaate qulqulluudha jedhamee ni kabajama ture. Qodaan dhiigni re'ee itti faffaca'e qulqulluu jedhamee kan kutaa qulqulleettii qulqullootaa keessa kan taa'u erga ta'ee fannoo dhiigni Iyyesuus kiristoof isa fayyisuu kan irratti dhangala'eef kabaja akkamiitu malaa? Ayihuudonni mataan isaanii kun galeefiiti kan fannicha awwaalan. Isaan fannoo sana boolla kosii keessa waggaa 300 kan awwaalaniif fannichi muka taraa akka hin taane beekaniiti fayyisuu akka danda'u hubataniiti malee callisaniitu ni gatu ture. Wanti Ayihudotaaf gale akkamitti nama kiristiyaanaaf hin galuu? Kanaaf dhimma fannoodhaa yommuu kaafnu ammayyuu ija yaada keenyaa keessaa kan hin badne waan ta'eef fannoosaa ol ol

ni qabna fannicha irratti isa fannifames ittiin kabajanna ittiin mo'uusaas ni yaadanna. Manni kiristiyaanaa keenya alaabaan ishee fannoodha malee alaabaa biraa hin qabdu. Kanaaf kana kana kan ittiin yaadannuudhaatii ni kabajna.

3. Kadhannaa mana kiristiyaanaa keenya keessaa **Mastabqui zemesqel** jedhamu keessatti **uumama kana lamaaniiif galanni uumaa ni ta'a. Erga jedhee booda isaanis haadha keenya qulqulleettii dubaroo Maariyaamii fi Qulqulluu Fannoosaa jedha. Isaan kana lamaan tuquudhaan galanni uumaa isaaniif ni ta'a jedha.** Galanni uumaa uumamaaf ni ta'a yeroo jedhu akkamittiin ilaalamaa?

† □Eyyeen gaaffii kunis yeroo baay'ee ni ka'a. Sirriidha kadhannaan Kun '**Leyihelu kilietu fituran sibhata fetari yideluomu Esme tearew bekibromu**' kabaja isaaniitiin walfakkaatuutii uumama kana lamaaniiif galanni uumaa ni ta'a jedha. Ergasii booda uumamni lamaan kunis haadha gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosii fi fannoo gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosii akka ta'an dubbata.

✓□Kun akkamitti ilaalamaa, Galata uumaa jechuun hiikni kallattii isaa uumaan isaaniif ni ta'a jedhee kan kenneef jechuudha. Fknf qulqulloonna ergamoonni sa'aatii 24 guutuu osoo addaan hin kutin waaqayyoon galateeffatu. Kun galata ergamootaa(sibhata melaekt) jedhama. Akkasuma namni yommuu waaqayyoon, qulqulloota biroo galateeffatu Galata namaa jedhama. Galatni uumaa immoo uumaan keenya Iyyesuus kiristoos ni malaaf ni ta'aaf jedhee Galata inni galateeffatuudha. Fknf hundi keenya akka kiristiyaana tokkootti hawwiin keenya waaqayyoodhaan galateeffamuudha. yoom? Guyyaa dhufaatii isaatti lammaaffaa murteessuudhaaf yommuu dhufu "isin eebbifamtoota abbaa koo, kottaa! Mootummaa isaa isa uumama biyya lafaatii jalqabee isiniif qophaa'etti galaa. Beela'een ture, nyaata anaaf kennitaniittu; dheebodheen ture, dheebuu na baaftaniittu; orman ture, akka nama keessaniitti na simtaniittu; Qullaa koo ta'een ture, daara na baaftaniittu; dhukkubsadheen ture, na gaafattaniittu; hidhameen ture gara koo dhuftaniittu' jedhee kan dhiyeessu jecha galateeffannaati. Kanaaf fedhiin keenya inni guddaan uumaadhaan galateeffamuudha. Qulqullichi pheexiroos ergaasaa irratti, Balleessaa keessaniif isa rukutamtan yommuu obsitan, galata maalii qabdu? Garuu gaarii gochuu keessaniif isa dhiphattan yommuu obsitan, Waaqayyo biraa ayyaana in argattu jedhee 1Pheexros 2:20 irratti dubbateera. Waaqayyoon biraa ayyaana argattu jechuun waaqayyoo badii

keessan malee yeroo rakkoon isin mudatu yoo obsitan obsa keessan ilaalee isin galateeffata jechuudha. Waaqayyoon qulqulluu tokkoo ykn tolaa tokko hojii isaa isa gaarummaa sanaaf yeroo galateeffatu, Galata uumaa jedhama. Daawwitiin nama akka laphee koo kan jedhe Kun galata uumaati. baay'ee itti gammadeeti nama akka lapheekoo daawwit ilma esseejiin argadhe jedhe. Kun galata uumaan daawwitiin galateeffate waan ta'eef galata uumaa jedhama. Namoonni waaqayyoon hojii isaaniitiin gammachiisan hedduutu jiru. Isaan Kun galanni isaanii waaqayyoon biraati malee nama biraa miti. Sababni isaa galatni namaa akkasumaani waan ta'eef. Galatni waaqayyoo garuu Galata barabaraa ti. Kitaabni monoksootaa Biyyoon yoo si galateeffate maal si fayyadaa? akka jedhu. Galatni namaa galata biyyooti waan ta'eef. Galatni waaqayyoo garuu kan kabajame galata samiirraati. Kanaafuu leyihele kelietu fituran umamtoota kana lamaaniiif jechuun haadha keenya qulqulleettii Maariyaam fi qulqulluu fannoo isaatiif galatni uumaa ni ta'aaf jechuun waaqayyoo isaanii ni galateeffata, ni kabaja, ol ol isaan qaba. Sababni isaas Esme tearew bekibromu kabaja isaaniitiin wal fakkaataniiruutii.

Galmee kadhannaa Galata Maariyaam irraa 'waraseyene eruyane mislehu babizaha hirutu' jedha. Kunis 'baay'ina araara isaatiin fakkaattotasaa nu taasise' jedha. Garuu fannoo fi haati keenya wal qixxaatan hin jennu haati keenya kabajaan ni caalti garuu walfakkaatuutii lachuu irra gooftaan keenya teessoo godhatee taa'eeraatii jechuu keenya. Waaqayyoon uumama kanneen lamaaniiif galatni ni ta'a jedhee akkaataa inni kabajeen nutis ni kabajna jechuudha.

Fakkeenyaaf caalaatti ifa haa ta'uuf jecha haadha keenya fi fannoo wantoota walfakkeessan keessan: fakkii haadha keenya qulqulleettii Maariyaam ilmashee jaallatamaa hammattee yeroo jirtuu fi fakkii gooftaa keenya Iyyesuus kiristoos kan guyyaa jimaataa fannoo irratti fannifame yoo hubanneerra ta'e fakkiiwwan qulqullaa'oo kana lamaan gidduu garaagarummaan hin jiru. Lamaan irratti Mootiin teessoo isaa irra taa'ee nutti mul'ata. Haati keenyas hammattee baattee jirti, fannoo irrattis fannifamee jira. Lachuu irratti icitii fayyina keenyaa mul'isuuf baatame. Garuu garaagarummaan xiqqoo ni qaba. Haadhasaa irratti kunuunfamaa, harmashee hodhaa, guddachaa jira; fannoo irratti garuu madaa'aa, waranaamaa foonsaas dhumaa jira malee lamaanuu irratti jechuun Beetaliyeemitti kan haatisaa baattee fi qaraaniyootti guyyaa jimaataa kan fannoonsaa baate irratti fayyina keenyatu raawwaatamaa jira. Lubbu qabeettii fi kabajamtuu kan taate Mootiin haadhasaa irra taa'eetu nufayyise; akkasumammoo lubbu maleessa kan ta'e kabajamaa fannoosaarras taa'ee Mootiin fayyina keenya nuuf raawwate jenna.



Fakkii 1: Giiſtii Maariyaam jaallatamaa ilmashee waliin fi Ilma ishee fannoo irratti.

4. Akka mana kiristiyaanaa keenyaatti fannoo ni sagadna. Obbolloonni tokko tokko immoo akka jedhanitti salphisuumaaf jecha fannoon muka kanaaf maaliif sagadduuf jedhu. Inni Kun haala kamiin ilaalamaa?

✓☐Egaa namni akkasitti gaafatu waan hin galleefu jira. Innis dhallumti namaa amma kabaja guddaa uffatee jiru maalirraa akka uumame hin galleef. Fknf namni tokko biyya nagaa keessatti nama isa biraatiin ati biyyoodha yoo jedhe arrabsoodha maaliif namni biyyoo irraa akka uumame dhugaa ta'ee osoo jiruu namni Kun garuu yaadasaatti nama sana salphisuuf jecha ati biyyoodha jedha. Akkuma kana namni fannoodhaan muka jedhus salphisuuf yaadeeti malee fannoon mukummaa isaa gadhiiseera. Fannoon mukarraa hojjetamuusaa kitaabni qulqulluunbifatti dubbateera. Kanaaf fannoon muka, taabotni muka namoonni jedhan akkuma namni biyyoodha jechuutti lakkaa'ama. Yeroo uumamne biyyoodha hafuura isaatiin iif waan nuun jedheef malee. Qulqulichi Museen *Waaqayyo gooftaan biyyoo lafaattii nama tolchee, hafuura jireenya itti godhu funyaan isaatti in baafate; akkasitti namni uumama lubbuu qabaatee jiraatu ta'e*. Seera Uumamaa 2:7 jedhee akkuma dubbate. Sababa kanaaf nama taaneerra, hafuurri qulqulluun nu irra buleera gatiin dhiigaan nuuf kaffalameera. Kanaaf bultoo hafuura qulqulluu mana qulqullummaa waan taaneef kanajamne. Fannoonis kana irraa wanti adda baasu maaliidha? Fannoo irrattis dhiiga isaatu dhangala'e, muka turee? Eyyeen kiristoos osoo irratti hin fannifamin osoo argannee akkuma muka kamiiti. Qulqulluun Yohaannis inni Damasqoo (Saint John of Demescus) on the Devine images of his apolodidic work (beinte seilat amlakawuyat) jedhee waa'ee fakkiilee qulqullaa'oo kan barreesse keessatti dhimmi keenya muka osoo ta'eera ta'ee yeruma muka fedhe argine ni sagadna turre garuu fannoonsaa mukummaasaa osoo hin taanee fannoo jennee akka kanatti akka jaallannu kan nu taasise dhiiga irratti dhangala'eedha. Innis dhiiga kiristoosiidha. Akka dhiiga Abeel gara waaqaatti iyyannaadhaaf kan dhangala'e osoo hin taanee dhiiga nama fayyisu kan iyyus dhiifamaaf araara keenyaaf malee ofiif iyyannaaf kan dhangala'e isa hin taane akkasumas kan isa dura dhangala'es ta'e kan isa booda dhangala'u irra kan kabajame dhiiga waaqayyoon dhangalaase waan ta'eef ittiin kan nu bite kan ittiin mana kiristiyaanaa biteedha. Fannoon dhiigni qulqulluun Kun itti dhangala'es muka jechuu hin dandeenyu. Nutis kan kabajamne dhiigni isaa erga nuuf dhangala'eeti. Gatiidhaan bitamtaniittuuti kana booda isin kan mataa keessanii miti jedhamneerra. Kunimmoo warqeedhaan miti kabajamaa dhiiga isaatiin malee. Kanaaf nutis yeroo uumamne biyyoo turre garuu hafuura jireenyaa waan nuuf kenneef nama waan taaneef kanajamne. Kabaja kana immoo

akka Addaam yeroo salphisnu dhiigasaa kabajamaan bitee gatiin dhala namaa dhiiga waaqayyoo godhe. Kanaaf dhiiga kabajameen kan bitame waan ta'eef kabajni dhala namaa ol kan jedheedha. Fannoonis akkasuma dhiigichani kan qulqullaa'e 'Esme tekedese bedeme kiristos medihin' kan jennu isaadha. Kanaaf Fannoon kan hojjetame mukarraati shakkii tokko hin qabu keessattuu muka Mootiin mukootaa irraa hojjetame jennaan Eyyeen fannoon muka, xaballi bishaanii namoonni jedhan kan irraa hojjetame ka'umsa isaa irratti xiyyeeffataniiti malee isa booda taatee irratti raawwateedha kan nuti ilaallu fknf seenas matsaagu'i wangeela Yohaannis boqonnaa shan yeroo dubbisnu, bishaanichi bishaanuma ture.

Yeroo ergamaan dhufee sochoosu garuu ni fayyisa bishaanii jennee falmuu hin dandeenyu ergamaan dhufee sochoosee innis fayyiseerati. Fannoonis fannoo kan jechisiise erga irratti fannifamee booda taatee fayyisu irratti raawwatee fi kabajamtaa dhiiga isaa irratti dhangala'eedha. Haala kanaan yoo ilaalle gaarii ta'a.

Erga akkas ta'ee Fannoosaatiif ni sagadna ree? Kan jedhuuf akka maluufitti sirnaan sagadnaaf. Qulqulluun Daawwit faarfannaa isaa irratti kottaa gara iddoo buufata isaa in dhaqnaa, ejjeta miilla isaa jalattis isaaf in sagannaa jedhee Macaafa Faarfannaa 132:7 irratti akkuma dubbate miilli gooftaa iddoo baay'ee ejjeteera. Isa keessan tokko fannoosaa irra ejjeteera. Ejjechuu qofaa miti itti waqarameera, miilla saa qofaa miti guutummaan qaama isaatiin itti fannifameera. Kanaafuu akkuma diyaaqonoonni iddoo miilli Gooftaa keenyaa dhaabatetti ni sagadna 'wenisegd wusta mekan haba qome egra egzeine' dhiigni isaa iddoo dhangala'ettis ni sagadna jechuudha. Dhugaa dubbachuuf taanaan iddoo guyyaa jimaataa dhiigni isaa dhangala'e sana jiraannee Gooftaan keenya awwaalamee, awwaala sana immoo diigee ega ka'ee booda fannoo sana utuu inni dhaabbaatuu osoo argannee dhuguma bira dabarraa? Kiristiyaana kan jedhame bira hin darbu. Gaaddiduun pheexiroos uffanni phaawuloos erga fayyilisee Fannoon kabajamaan dhiigni isaa irratti dhangala'e sun fayyina akkamii laata? Kanaafimmoo kabaja akkamii sagada akkamiitu ta'aaf? Kanaafuu iddoo ejjennaa isaatti ni sagadna kan jedhee raajiin waaqayyoo qulqulluun Daawwit isa kanaadha.

Ergaa qulqulluun phaawuloos gara warra Ibrootaatti barreesse irratti Yaaqoob yeroo du'uuf jedhetti mataa dhaabata isaatiitti hirkatee, gugguufee utuu sagaduu, amantiidhaan ilmaan Yoseef adduma addaan eebbise Ibroota 11:21 irratt akkuma jedhe mataa dhaabata isaatti amantiidhaan

sagadee ilmaan ilma isaa yooseef eebbisuun erga danda'amee fannoo kiristoos jalatti akkamitti hin sagadamuu? Kanaaf kabaja guddaadhaan sagadnayyuu malee.

Kadhannaa waliin manni kiristiyaanaa keenya geessistu keessaa tokko kan Warri ba'aa fi Coptic Egypt taasisan Universal praying kan jedhame keessatti **"Before your Cross we bow down in worship O Master, And we glorify holy resurrection"**; 'Yaa Mootiin keenya FANNOO kee fuulduratti gombifamnee ni sagadna, qulqulleettii du'aa ka'umsa kees ol ol ni qabna' kanaaf Warri ba'aa yeroo ayyaana fannoo kabajaan kadhannaa geessisaniidha. Biyya keenyaatti immoo yeroo torbee dhukkubbii Gooftaan keenyaa keessa yeedaloodhaan **"Lemeskelike nisegd O Likine, Wele Tinsaeke Kidist nisebh kuline Yizeni Wezelfeni"** jechaa kan ittiin sagadchiistu jechuudha. Kanaaf dhugumatti Fannoodhaan galanni kabajni haala kanaan ta'a jechuudha.

3. Ayyaana Fannoo irratti mootitii Elleeniin damaraa damarsiistee Fannoo iddoo awwaalamee qochisiistee guyyaa itti baasisteedha. Kabaja ayyaanaa kana irraas maal baranna?

† □Egaa ayyaanni Fannoo mootitii Elleeniin haati Qontostinoos guyyaa isheen damaraa damarsiistee Fannoo baasisuudhaaf qochisiistee dhuma irratti immoo Bitootessa 10 yaalii baay'ee booda Fannoo sana baastetu kabajama. Kanaaf Ayyaanni Fannoo Fannoon waggaa 300 guutuu boolla kosii keessatti iddoo awwaalamee turee guyyaa ba'eedha. Kun mataan isaa keessasaatti barumsa hedduu qabatee jira. Akka dhuunfaattis ta'e akka biyyaatti yeroo ilaallu Fannoon dhiigni Iyyesuus kiristoos irratti dhangala'ee baay'ee kabajamee addunyaan ittiin fayye tokko hammeenya Ayihuudotaan waggaa 300 bara wareegamtootaatii jalqabee hamma Qonxosxinoos dhufutti jechuun Gooftaan keenya bara 33tti fannifamee hamma bara 326tti Qonxosxinoos mo'utti bara amma kanaaf Fannoon Gooftaa keenyaa gataa kosii ta'ee ture. Egaa waggaa 300 boodaadha waaqayyoon eyyamee mootitii Elleeniin gadda guddaan waan ishee mudateef mucaan mucaasheetii duunaan jedhu abboonni Fannoo sanaan jajjabaachuuf jecha obsaan dhaqxee qochisiistee baasisuu dandeesseetti. Kun kiristiyaanota hundaaf ayyaana gammachuu guddaa qabuudha.

Ayyaanni kun biyya keenya ta'eeti malee ortodoksii fi Kaatolikii irratti irrattiyuuu piroitestaantotni hundi dhimma Fannoo waan ta'eef waliin kabaju. Nuti garuu hin bilchaanne waan taaneef inumaayyuu ittiin mormina. Seenaa kana keessatti waan baay'ee nama jajjabeessutu jira. Wanti waggaa 300 guutuu kosiin irratti gatame tokko ba'ee qoricha yommuu ta'u, nuti

mataan keenya jireenya dhuunfaa keenya keessatti karaa dhabnee wanti gaariin tokko dhokfannee awwaallee kan teenyu dandeettii awwaallee abjuu awwaallee abdii awwaallee guyyaa tokko waan kana nan raawwadha jennee gaafa nuuf mijachuu baatu abdii kutannaan awwaallee kan jirru namoonnis kosii nutti gataa kan jiran ati homaa gochuu hin dandeessu nuun jedhanii ofitti amanamummaa akka dhabnu yeroo godhan dheerina yeroo irraas kan ka'e kanan yaade kana sichi raawwachuun natti ulfaata jechuun abdii kutuun karaa irratti namoonni hafan baay'eetu jiru. Garuu waan fedhe osoo ta'eeyyuu fannoo caalaa wanti awwaalame hin jiru. Waggaa 300 guutuu kan dhokate, kan awwaalamee irraanfataamee ba'ee har'a hunda keenyaaf fayyina ta'ee ayyaaneffachaa jira . Kanaaf nutis abdii keenya, abjuu keenya awwaalame namoonni tuffiidhaan kosii kan nutti gatan kan abdii nu kutachiisan laphee Elleenitiin kaka'uudhaan abdiin koo, dandeettiin koo, abjuun koo karoorri koo amma fedhe yoo namni dhoksuudhaaf kosii itti gate iyyuu eessatti awwaalamee jira Jennee baasuu yoo dandeenye namoota baay'ee madda gammachuu ta'uuf akka dandeenyu nu agarsiisa.

Akka biyyaatti immoo yeroon amma keessa jirru yeroo lolaa waraanaati. wanti waliin waliin wal waraanuu caalaa nama jibbisiisu hin jiru. Waraanni mataan isaa gaarii miti, walii waliin wal waraanuun immoo firri inni fedhe yoo injifateyyuu laphee namaa madeessa. Haala Kun keessa jiru keessatti jaalalli kaleessa qabnu amma dhuguma nuuf deebi'aa? Kaleessa jireenyi tokkummaa waliin qabnu lammaaffaa deebi'ee nuuf dhufaa? Nama jechisiise. Haa ta'u malee isa amma tokkummaa akkasitti kosii gataa jirru kana, isa jaalala caalaa jibba, tokkummaa caalaa garaagarummaa, waliin jireenya caalaa qofa qofummaa babal'isaa jirru kana walumaagalatti wanta gaarii waan gadheedhaan isa awwaalaa jirru kana namoonni(Elleenonni) bor akkuma Elleenii qotanii nuuf baasuun hin hafu abdii jedhu nuuf kenna.

Egaa ayyaana Fannoo ykn ayyaanota biroo sirbaan ciffaraadhaan ykn meeshaalee muuziqaadhaan kabajuun jechuun ayyaanicha karaa faallaa ayyaanichaa ta'een kabajuun jechuudha. Fknf ayyaana Fannoo irratti Fannoon iddoo awwaalamee guyyaa qotamee ba'eedha. Isa qotamee ba'e fannoo sana awwaaluun kabajuun gaarii miti. Egaa kaayyoon fannichaa akka qulqulluun Yaa'iqoob inni Siruug jedhutti, kiristoos jedhee du'eera . Inni siif jedhee waan du'eef atimmoo du'uun sirraa hin eegamu. Naaf du'i jedhe osoo hin taanee naaf jiraadhu siin jedhe. Kanaaf waaqa nuuf du'eef akkamitti jiraachuu dadhabna. Guyyaa Fannoon nuuf argame kabajnuu akkamitti hojii Fannoo awwaalu hojjenna. Kunis sirbaan machiin fi kkfn ayyaanicha

dabarsuudha. Du'aa ka'umsa amma namni du'aan hin kabaju, kunis guyyaa sana ayyaana jedhanii sirbaan, dhugaatiin, machiin kabajuun jechuudha.

Galanni waaqayyoon kabajni kabajamtuu haadhasaa Maariyaamiif ulfaataa Fannoo isaaf haa ta'u Ameen!

Guyyaa: 28/08/2015-: 05/09/2015

Kan barsiise: D/B/sa Henook Haayilee

Kan afaan oromiffaatti hiike: D/B/sa Daani'eel Abbayyaa